

# YYATA DAANDII GARA KUNUUNSA WALDHAANSAA FAYYAA LUBBUU BARAARSUU RIQICHA LOWER SPOKANE SWING BRIDGE (LOW BRIDGE)

## NAMOOTAA DHUUNFAA SABABA KUNUUNSA FAYYAA BARAARSUU LUBBUU DAANDII GARA GARA LOW BRIDGE GEESSUU FI ACHII DEEBISU GAAFACHUUF, AKKUMA KENNAA TAJAAJILA KUNUUNSA FAYYAATIIN IBSAMETTI

- Hayyamichi kan kennamu imala waldhaansa kunuunsa fayyaa baraarsuu lubbuuf ta'ee, yeroon imalaa gara Lixa Siyaatilitti ykn irraa taasifamu fayyaa keessan irratti balaa kan geessisu ta'uun yoo kennaa tajaajila fayyaan raggaasifame qofa ta'a.
- Hayyamni gara Low Bridge kun imala idilee, qormaata ariifachiisaa hin ta'iin, daawwannaa hordoffii ulfaa idilee, talaallii idilee, ykn beellamoota waldhaansaa ariifachiisaa hin ta'iin birootiif hin kennamu.

### DURAA DUUBA HAYYAMA DAANDII SEENSAA ITTI GAAFATAN:

- 1: KUTAA 1 guutaa: Odeeffannoo Iyyataa
  - 2: Kennaan tajaajila fayyaa keessan KUTAA 2 guutee jiraa: Odeeffannoo kennaa tajaajila fayyaa FI chaappaa waajjiraa dhiyeessi, ykn hayyama addatti qophaa'ee fi mallatteeffame waraqaa ajaja waldhaansaa ykn xalayaa mata duree waajjira waldhaansa dhiyeessi
  - 3: Kutaa E-mail 1, Kutaa 2, fi Hayyama dabarsa LowBridgeAccess@seattle.gov mallatteeffame (Iskaanii ykn suuraa sanadootaa) ykn ergaa: Traffic permits, ATTN WSB, Seattle Dept. of Transportation, PO Box 34996, Seattle, WA 98124-4996 ta'uu danda'a.
  - 4: **Unka kana dhiyeessuu jechuun isin low bridge seenuuf ni dandeessu jechuu miti. Low Bridge itti fayyadamuu keessaniin dura SDOT irraa mirkannoo argachuu qabdu.**
- Gaaffileetiif, afaan (qooqa) keessaniin gargaarsa yoo barbaaddan, ykn unka kana guutuuf tumsa yoo barbaaddan, maaloo: [LowBridgeAccess@seattle.gov](mailto:LowBridgeAccess@seattle.gov) or 206-400-7511 quunnamaa. maqaa, odeeffannoo ittiin argaman, fi afaan barbaaddan ibsaati ergaa sagalee nuuf kaa'aati namni wayii bilbila keessaniif deebii ni kenna.

## SECTION 1: ODEEFFANNOO IYYATAA

<b>MAQAA BARREESSAA</b> (Maqaa Akaakayyuu, Maqaa Jalqabaa, Maqaa Abbaa)			
Teessoo ergaa ( <i>L.S.Po. ykn Teessoo Daandii fi Lakk.Appartaamaa, yoo jiraate</i> )		Magaalaa	Kutaa Biyyaa ZIP Koodi
(Koodii naannoo) bilbila yeroo guyyaa	Teessoo E-meeyilii		
Maqaa kennaa tajaajila fayyaa (Maqaa Jalqabaa fi Akaakayyuu nama kutaa 2ffaa unka kanaa guutu)		Gosa iyyataa Iyyata haaraa Dheereffama iyyata duraan raggaasifamee	
Gabateewwan hayyama hanga lamaatti: tokko ofii keessaniif, fi inni biraan tokko ammoo akka hayyama gabatee lammaffaatti ykn narsii ykn nama kunuunsa fayyaa isiniif kennuuf tajaajila			
Hayyama gabatee tokko	Hayyama gabatee tokko	Kutaa Biyyaa	Hayyama gabatee lama (Yoo barbaachise) Kutaa Biyyaa



Mallattoo Iyyataa yokin bakka bu'aa fudhatama qabbu

Mallatteessuun, akka hubattan mirkaneessuun dambiiwwan fi haalota irratti waliigaluu keessan ibsaa, ibsi waa'ee iccitii dudduuba sanadaarra jira



**Seattle**  
Department of  
Transportation

Qajeelcha Geejjibaa Siyaatil

## PIROOJEKTII RIQICHA HIGH-RISE KAN LIXA SIYAATIL

# YYATA DAANDII GARA KUNUUNSA WALDHAANSAA FAYYAA LUBBUU BARAARSUU RIQICHA LOWER SPOKANE SWING BRIDGE (LOW BRIDGE)

### DAMBIIWWANII FI HAALOTA CARRAA GARA DAANDII LOW BRIDGE DEEMUUF DANDEESSISAN:

- 1: Kennaan tajaajila fayyaa keessan haalli fayyummaa keessanii fi sagantaan waldhaansaa beellamaa fi waldhaansa fayyaa argachuuf wayita deemtanii fi deebitan itti fayyadama Low Bridge kan mirkaneessu ta'uu ni murteessa. Waa'ee haalaa fi waldhaansa fayyaa keessan iyyata kanarra jiruu odeeffannoo eenyuufuu hin qoodiinaa.
- 2: Unki kunii fi unki hayyamaa ADDATTI mallatteeffame tajaajila kennaa keessaniin dhiyaatu karaa email ykn poostaan guyyaa 15ffaa ji'aatti hayyama seensa daandii argachuuf SDOT'tiif ni dhiyaata. Fakkeenyaaf, hayyama seensaa June 1 irraa eegalee jiruuf, SDOT unka keessan guutame fudhachuu qaba.
- 3: Hayyamichi imala addatti kunuunsa fayyaa baraarsuu lubbuutiif qofa ta'ee, imalli gabaabaan sababa haala fayyummaa keessaniin yoo filatamaa ta'uun kennaa tajaajila keessaniin yoo ajajame qofa kennama.
- 4: Hayyamni seensa Low Bridge kun imala idilee, qormaata ariifachiisaa hin ta'iin, daawwannaa hordoffii ulfaa idilee, talaallii idilee, ykn beellamoota waldhaansaa ariifachiisaa hin ta'iin birootiif hin kennamu.
- 5: Hayyamni seensaa keessan kunis Low Bridge irratti dhiphinni tiraafikaa yoo jiraate ykn sababa fedhii bulchiinsa tiraafikaa birootiin yeroo kamuu addaan cituu ni danda'a.
- 6: Daangaanis baay'ina deddeebii imala Low Bridge irratti taasifamu irra kaa'amuu ni danda'a. Hayyamni seensaa kunis baay'ina daangaa imalaa yoo darbitan ni addaan cita.
- 7: Hayyamni seensaa kun kan kennamu guyyoota 90'tiif dha. Waldhaansi lubbuu baraarsuu sun guyyoota 90 ol yoo ture, unki iyyataa haaraan guutamuu fi sagantaa hayyama seensaa irratti irra deebiin ramadamuuf guyyoota 90 sagaltamaan dhiyaachuu qaba.
- 8: Iyyata hayyama seensaa kunuunsa fayyaa baraarsuu lubbuu guutuu ta'e dhiyeeffachuun hayyama seensaa gara Low Bridge argachuu keessaniif wabii isiniif hin ta'u. Iyyatni ykn sanadni guutuu hin ta'iin, barfannaa ykn dhorkama hayyamaaf sababa ni ta'a. Hayyamni seensaa yoo isiniif mirkanaa'e, xalayaan mirkannoo sanaa hayyamni seensaa jalqabuu isaatiin dura guyyaa 22ffaa ji'aa irratti email isiniif taasifama. Maaloo xalayaa mirkanaa'e galmee ofii keessaniif kaa'adhaa. Low bridge fayyadamuu keessaniin dura email'n mirkannoo dirqama isin qaqqabuu mala. Hayyama mirkannoo kana malee low bridge keessa yoo konkolaachifan, sa'aatii dhorkaa 5 AM – 9 PM guyyoota hojiitti, fi guyyoota boqonnaatti 8AM – 9PM'tti yeroo riqicha kana ceetan hunda tikeetiin gatii \$75 qabu isin qaqqaba.

### ICCITII, DAATAA, FI GAAFFII ODEEFFANNOO UUMMATAAF IFA TAASISUU:

SDOT baay'inaa fi yeroo lakkoofsi gabateewwan hayyamni kennameef Low Bridge irra itti imalan ni dhiyeessa. Hayyama seensaa gara Low Bridge gaafachuun, isin odeeffannoo imalaa Low Bridge keessan hordofuu fi madaaluuf kana fayyadamuuf hayyamamoo ta'uu keessan beeksisaa jirtu. Sagantaan imalaa kun seera Galmee Uummataa Waashingitan kan hordofu yommuu ta'u, qaama 3ffaa gaaffii dhiyeessuuf ifa taasifamuu danda'a.

Odeeffannoon dhuunfaa keessan maqaa fi lakk.gabatee hayyamaa keessan dabalatee SDOT waliin qoodamu seera Galmee Uummataa Waashingitan kan hordofu yommuu ta'u, qaama 3ffaa gaaffii dhiyeessuuf ifa taasifamuu danda'a. Magaalaa Siyaatilitti, iccitii keessan eeguuf murannoo kan qabnu yommuu ta'u, odeeffannoon yoo ifa taasifames akkaataa seeraan ta'uu isiniif mirkaneessina. Akkaataa odeeffannoon kun itti qabamu caalaatti baruuf, ibsa iccitii keenyaa [www.seattle.gov/tech/initiatives/privacy/privacy-statement](http://www.seattle.gov/tech/initiatives/privacy/privacy-statement) irraa dubbisaa



**Seattle**  
Department of  
Transportation

Qajeelcha Geejjibaa Siyaatil

# PIROOJEKTII RIQICHA HIGH-RISE KAN LIXA SIYAATIL

## YYATA DAANDII GARA KUNUUNSA WALDHAANSAA FAYYAA LUBBUU BARAARSUU RIQICHA LOWER SPOKANE SWING BRIDGE (LOW BRIDGE)

### KUTAA 2: KENNAA TAJAAJILA FAYYAA

IYYATAAN KUTAA 1 ERGA GUUTEE BOODA DOOKTORRI, HAKIIMI YKN NARSIIN GALMAA'E KUTAA KANA NI GUUTA.

#### ODEEFFANNOO KENNAA TAJAAJILA FAYYAA:

Kutaa armaan gadii guutuu fi kutaa armaan gadii mallatteessuu keessan dabalataan, chaappaa waajjiraa/kennaa tajaajilaa sanada kana irratti dhiyeessuu qabdu ykn hayyama mallatteeffame waraqaa ajaja waldhaansaa ykn xalayaaa mata duree waajjira waldhaansaa kan armaan gadii ibsu dhiyeessi:

- 1: maqaa iyyataa fi
  - 2: Haala fayyummaa isaaniif Waldhaansa baraarsuu lubbuu mirga addaa hayyama seensa Low Bridge isaaniif kennisiisu fuchachaa jiraachuu isaaniif mirkaneessuu
- Odeeffannoo waldhaansaa waa'ee yaalamaa keessan namaaf hin qoodiinaa. Unka kanaa fi hayyama mallatteeffame iyyataadhaaf deebisaa.

#### MAQAA KENNAA TAJAAJILA KUNUUNSA FAYYAA BARREESSAA (Maqaa Akaakayyuu, Maqaa Jalqabaa, Maqaa Abbaa)

Gita Ogummaa		Lakk.Hayyama Ogummaa		
Teessoo Waajjiraa (L.S.Po. ykn Teessoo daandii fi Lakk.gamoo/kutaa, yoo jiraate)		Magaalaa	Kutaa Biyyaa	ZIP Kood
(Koodii naannoo) Bilbila yeroo guyyaa	Teessoo Email			
Maqaa yaalamaa (Maqaa Akaakayyuu, Maqaa Jalqabaa, Maqaa Abbaa)				

#### KAN ARMAAN GADII DEEBISI

Yaalaman koo waldhaansa fayyaa baraarsuu lubbuu taasifachaa jira. Yeroon imalaa gara Lixa Siyaatilitti fi irraa taasifamu yoo dheerate, lubbuu yaalamaa kootii dhiibbaa irraan gahuu danda'a. Fakkeenyi waldhaansa fayyaa kunis keemoteeraappii, dhiqannaa kalee raadiyeeshiniin deeggarama, fi dhiiga daddabarsuu (chemotherapy, radiation dialysis, and blood transfusions) giddugala fayyaatti taasifamu, imala gara Lixa Siyaatilitti fi irraa taasifamu barbaachisu kan dabalatu yommuu ta'u; garuu kanaan qofa hin daangeffamu.

Yaalaman maqaansaa/shee armaan olitti eerame waldhaansa fayyaa baraarsuu lubbuu gara beellamoota waldhaansa fayyaa deemuuf fi achii deebi'uuf itti fayyadama Lower Spokane Street Swing Bridge (Low Bridge) hayyamsiisu taasisaa jiraachuu nan mirkaneessa.

Chaappaa waajjiraa/kennaa tajaajilaa **YKN** hayyama addatti qophaa'ee fi mallatteeffame waraqaa ajaja waldhaansaa ykn xalayaaa mata duree waajjira waldhaansaa dhiyeesseen jira.

Guyyaa fi Bakka (Magaalaa/Kaawuntii) Mallatteeffameera:

\_\_\_\_\_

**X**

Kennaan tajaajilaa asitti mallatteessa: (MD, DO, ND, ARNP, ykn CNM)

Lakk.Hayyamaa: \_\_\_\_\_

CHAAPPAA



**Seattle**  
Department of  
Transportation

Qajeelcha Geejjibaa Siyaatil